









# AMANTII QOM-QAMAA HUNDUMAA DURA DHAABBATU

**Barnoota 5 Caamsaa May 4, 2024**

“Akkan si hin yakkineef waan ati jette garaa koo keessa kaa'adheera.”— Far. 119:11





Jaarraa 16ffaatti, hojichi waggoota 200 dursee, “urjii Haara’umsaa” kan ta’e Wycliffen ifuu jalqabe. Ifni haara’umsaa inni dinqisiisaan in dhufe.

Haara’umsi kun qabxiilee bu’uuraa shan irratti hundaa’u:

- ★ 1. *Sola Scriptura (MQ qofa)*
- ★ 2. *Sola gratia* (Ayyaana qofa)
- ★ 3. *Sola fide* (Amantii qofa)
- ★ 4. *Solus Christus* (Kiristoos qofa)
- ★ 5. *Soli Deo gloria* (Ulfinni Waaqayyoof qofa)






**Bu’uura amantii:**

- *MQ qofa/Ulfinni Waaqayyoof qofa/Sola Scriptura / soli Deo gloria.*
- Macaafni Qulqulluun nama hundumaaf.
- Namicha MQ hiike.

**Bu’uura fayyinaa:**

- *Sola gratia / sola fide / solus Christus.*
- Ayyaanatti guddachuu.

# BU'UURA AMANTII

# MQ QOFA/ULFINNI WAAQAYYOOF QOFA/SOLA SCRIPTURA / SOLI DEO GLORIA

"Yaa Waaqayyo gooftaa maccaa, ani kan kee ti'o, dubbii kee yommuun argadhe, akka nama buddeena nyaatuutti isa nan nyaadhe, innis garaa koo gammachuu fi qannoodhaan in guute."— Er. 15:16

Haaressitoonni jaarraa 16ffaa mul'inumatti addunyaa geedderan. Garuummoo waa'ee isaanii waanumti addaa tokko akka hin jirre ibsaniiru. Isaan namoota Waaqayyo geeddere turan. Sababa kanaa, "Ulfinni Waaqayyoof qofa" akka ta'e labsan.

Jijjiiramni kun akkamitti keessa isaanii dhufe? Qayyabannaa Macaafa Qulqulluuti kan jireenya isaanii keessatti waan dinqii hojjete.



Macaafni Qulqulluun maal isaaniif godhe, nuufimmoo maal gochuu danda'a?

- Inni bu'uura amantiiti
- Waadaa Isaa amanuudhaan, amantii fi jajjabina keenya haareffanna.
- Baalli isaa akka ija muka jireenyaati.
- Gammachuu, abdii fi ifatu irraa calaqqisa.
- Kallattii, mirkaneessa, jabinaa fi ogummaa nuuf kenna.
- Karaa qaamaa, sammuu, miiraa fi hafuuraa jiraatoo nu taasisa.

Yeroo dukkanaa sana keessa, Macaafni Qulqulluun jireenya isaanii tursee hamma lubbuu isaanii kennanitti barsiisa MQtiif amanamoo akka taa'an isaan taasise. Har'ahoo, jireenya keessan akkasitti amanamummaatti in eegaa?

# MACAAFNI QULQULLUUN NAMA HUNDUMAAF


"Dubbiin Waaqayyoo garuu guddachaa, bal'achaas in adeeme." — HoE. 12:24




Tyndale (1494-1536) dogoggora kallattiidhaan Afaanota jalqabaa irraa Wycleffe yeroo MQ Afaan Latin irraa hiike uume sirreessuudhaaf of kenne. Akkasittis Kakuu Haaraa Afaan Giriik irraa hiikuudhaan maxxansiise.

Miles Coverdale namni jedhamu immoo, hojii Tyndale jalqabe itti fufuudhaan, Kakuu Moofaa Afaan Ibrootaa isa jalqabaa irraa hiike. Akkasitti, bara 1535tti, Macaafni Qulqulluun yeroo jalqabaatiif Afaan Ingiliziitiin maxxanfame.







Hiikkaan kun, hiikkaa Ingiliffaa isa bal'inaan beekamu, King James Version, jedhamu isa bara 1611 maxxanfameef, bu'uura ta'e. Hojiin Tyndale, Coverdale fi beektota KJV qopheessanii, namoota miliyonotaan lakkaa'aman gara beekumsa Waaqaatti fide.

Akka ajaa'ibaa, namni takkaa hojii Haara'umsaa kanatti hirmaachuuf fedha godhatee hin beekne, hiikkaa kana keessattimmoo gargaarsa dinqisiisaa godhe jira: namni kun Erasmus jedhama, nama magaalaa Rotterdam jiraatu dha, yeroo sana Kakuu Haaraa Afaan Giriikiitiin maxxansiise (kun immoo hiikkaa Haaressitoonni hiikan hundumaaf bu'uura ture).




# MACAAFNI QULQULLUUN NAMA HUNDUMAAF


Yeroo Macaafni Qulqulluun Afaan Ingiliziitti hiikamaa fi maxxanfamaa turetti, Haaressitoonni warri kaan immoo, Macaafa Qulqulluu Afaan ofii isaaniitti hiikaa turan. Karaa kana, Macaafni Qulqulluun kallattiidhaan jiraattota Awurooppaa fi "Biyya Haaraa" argamte keessa namoota jiraataniin dubbifamaa ture.




**Martín Luther**
Jarman (1534)




**Pierre Robert Olivétan**
Faransaay (1535)



**Brest Bible**
Poolaand (1563)




**Casiodoro de Reina**
Ispeen (1569)



**Kralice Bible**
Chek (1579)




**Jonas Bretkunas**
Liituuniyaa (1579)



**Jurij Dalmatin**
Islovaaniyaa (1584)




**Giovanni Diodati**
Xaaliyaan (1607)



**João Ferreira de Almeida**
Porchugaal (1691)

# NAMICHA MQ HIIKE

"Caalaadhumatti immoo raajiin caaffata qulqullaa'aa akka namni tokko yaada ofii isaatiin kennutti hiikamuun akka hin taane beekuun isin irra jira."— 2Phe. 1:20



Martin Luther, yeroo jalqaba Macaafa Qulqulluu Afaan Latiniitiin dubbise, jireenyi isaa in geedderame.

Yeroo arrabaa isaa galagalchee dubbisu, humni olii dhufe tokko samuu isaa ibsaafii ture. Wangeelli jiraataadhaa fi fiixa baa'aa ta'e. Aadaan dukkanaa'aan sun gadhiisee sokke, ayyaanni Kiristoos immoo ol-ka'e. Humna maaliitu sammuu isaa isaaf ibse?

Hafuura Qulqulluu dha, Inni Isa tokkicha barreeffamuu Macaafa Qulqulluu hooggane, isa dhugaa achi keessatti argamu mul'ise dha. Nus akka hubannuuf Hafuuruma Qulqulluu sanatu nuufis kenname,! (Yoh. 14:26; 16:13).

Yeroo sanaa jalqabee, aadaa ifatti waldaadhaan barsiifamuu fi dhugaa MQ keessatti argamu gidduutti araaramni akka hin jirre ragaa dha. Qajeelfamni amantii fi amala namaa qajeelchu MQ keessatti qofa argama, inni immoo karaa Hafuura Qulqulluu nuuf ifa.



**“Argamaa fi gargaarsa Hafuura Qulqulluu walirraa hin cinneen malee, lallabbiin Sagalee Waaqaa ta’uu hin danda’u. Inni barsiisaa ga’aa nama godhu, dhugaa Waaqa biraa kenname dha. Yeroo dhugaan karaa Hafuura Qulqulluu gara onnee dhufu qofa nama jijjiira. Namni tokko xalayaa Sagalee Waaqayyoo kana dhiheessuu in danda’a, abboommii fi waadaa Isaa hundumaas beekuu in danda’a; garuu yoo Hafuurri Qulqulluun dhugaa sana gasheef irraa kan hafe, lubbuun kam iyyuu dhagicha irratti kufee cabuu hin danda’u.”**

**EGW (The Desire of Ages, pg. 671)**

# BU’UURA FAYYINAA

# AYYAANA QOFA/AMANTII QOFA/KIRISTOOS QOFA/SOLA GRATIA / SOLA FIDE / SOLUS CHRISTUS

"Isin ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan; inni immoo kennaa Waaqayyoo ti malee, gochaa ofii keessanii miti;" — Efe. 2:8

Efeesoon 2:8 irraa, dhugaa bu'uuraa sadiitu argama.

1 Nuy ayyaanaan qofa fayyine
2 Karaan ittiin ayyaana argatan amantiidhaan qofa dha
3 Kun kennaa Waaqaati, kennaa Ilma Isaatiiti: Kiristoos qofa



Sababa cubbuu keenyaa, du'i bara baraa nutti murameera (Rom. 6:23a). Haa ta'u malee, Waaqayyo karaa ittiin liqii keenya kaffalee jireenya bara baraa nuuf kennu qopheesse (Rom. 6:23b).
Maaliif akka Waaqayyo liqii keenya kaffalu barbaanna? Sababni isaa, nuy karaadhuma kamiinuu kaffaluu waan hin dandeenyeef (Far. 49:8; Efe. 2:9).
Martin Luther, yeroo maddi fayyina isaatii Kiristoos qofa ta'uu Isaa bare, dhugaa sana lallabuu jalqabe.
Kumaatamatti kan lakkaa'aman, gowwomsaa diinaa kanaan kan hidhaman, birmadduu baa'anii geedderaman.

Yooma fayyinni tola ta'e illee, gatiin isaa dhuma kan hin qabnee fi nama hundumaaf ga'aa kan ta'e dha (Yoh. 3:16; Rom. 8:32).

# AYYAANATTI GUDDACHUU

"Ayyaana gooftaa keenyaatti; fayyisaa keenya Yesus Kristosin beekuuttis guddadhaa! Bara si'anaatti guyyaa bara baraattis isaaf ulfinni haa ta'u! Ameen."— 2Phe. 3:18





Bara giddu galeessaa keessa, namoonni fayyina ofiifis haa ta'u abboota isaaniitiif karaa sirna Irbaata Qulqulluu, karaa xalayaa phaaphaasiin kennuu, karaa miidhaa of irraan ga'uu, karaa gadaamii dhaquu fi kkf argachuuf yaalaa turan.



Kun hundinuu dhiphisaa ture. Ga'aa hin turre. Hamma gaafa ayyaana Kiristoos argataniitti. Gaafa sanaa jalqabanii garuu, dhugaadhumatti birmadummaatu itti dhaga'ame.

Birmadummaan sun, seera Waaqaa tuffachuuttimoo abboomamuutti isaan geesse?



John Wesley (1703-1791), hundeessitoota sochii Methodist keessaa tokko kan ta'e, seensa barreeffama Luther kitaaba Roomaa irratti barreesse dubbisee, garaan isaa mooga'e. amantiin isaa inni haaraan, ayyaanatti guddachuu akka inni barbaadu isa taasise.

Ayyaanaan akka fayye beekuun isaa akka inni seera Waaqaa tuffatu isa hin taasifne, qooda kanaa, akka inni caalaatti xiyyeeffannoodhaan qayyabatee jireenyi isaa gara jireenya Kiristoos isa irraa barbaaduutti guddatu isa taasise malee.

“Qajeelfamni guddaan Haaressitoonni kun qabatan—qajeelfamuma tokkicha isa Waaldensonni, Wylciffe, John Huss, Luther, Zwingli, fi warri isaanitti makatan qabatan ture—innis, aboon Macaafni Qulqulluun qabu hin geedderamu kan jedhu, akka qajeelfama amantii fi jireenyaatti qabachuu isaaniiti. Mirga phaaphaasonni, gorsitoonni, abboonnii, fi mootonni dhimma amantii irratti yaada namaa to’achuuf qaban in dhowwatan. Aboon isaanii Macaafa Qulqulluu dha, barsiisa Macaafa Qulqulluutiin barsiisaa fi aboo namoonni qabna jedhan hundumaa qoraa turan. Amantii Waaqayyoo fi Sagalee Isaa irratti qabantu, namoota qulqulloota kana yeroo isaan fannootti adeeman jabeessee isaan dhaabe. “Jabaadhaa dhaabadhaa,” jedhe Latimer namni jedhamu, hiriyoota isaa warra ibiddaan gubatanii gara callisuutti adeemuutti jiraniin, “guyyaa har’aa, Ingiliz keessatti ayyaana Waaqayyootiin, ibsaa deebi’ee dhaamuu hin dandeenye qabsiifna jedheen amana.” jedhe—Works of Hugh Latimer 1:8”

EGW (The Great Controversy, pg. 249)